

Bakka Itti Adda of Baasanii Turan

Aangawoonnii fayyaa hawaasaa biyyattii keessa jiran tatamsa'ina KOOVIID-19 ittisuuf baay'ee dhama'aa jiru. Namoonni KOOVIID-19 qaban martinuu akkasumas kanneen isaan waliin wal qunnamtii qaban manatti nama irraa adda of baasuu qabu, yookin bakki akka turaniif isaanif qophaa'e turuu qaba (Apendiksii A: 'Barnoota yeroo dirqamaan adda bahanii turuu').

Maatii keessanii fi hawaasa eegudhaaf jecha hooteelaa turtiidhaaf qophaa'e keessa adda of baaftanii turuudhaaf fedha waan qabaattaniif galatoomaa.

Odeeffannoo Walii Galaa KOOVIID-19 (General COVID-19 Information)

Odeeffannoo fi waanta godhamuu qabu haaraa ta'e ilaaludhaaf maaloo, marsaritii keenya ahs.ca/covid jedhu fayyadamaa.

Mallattooleen KOOVIID-19 maal fa'i? (What are the symptoms of COVID-19?)

- Namoonni infeekshinii KOOVIID-19 qabaman, dhukkubbii cimaa sirna hargansuu muraasaa hangaa cimaa ta'e mallattolee akka qufaa, qaama gubaa, dadhabbii, qoonqoo keessa nyaachuu, dhangala'aan funyaan keessaa yaa'uu, hafuura baafachu dadhabuu fi/yookiin harganuu dadhabuu fa'aatu irratti mul'ata.
- KOOVIID-19 miira dhukkubbii cimaa kan qabu yoo ta'e illee, namoonni heddu mallattoolee cimaa hin taane qofaatu irratti mul'ata
- Namoota dulloomanii fi rakkolee fayyaa kanneen akka dhibee sukkaaraa, rakkina onnee qabanii fi harganuu hin dandeenye irratti infeekshiniin KOOVIID-19 baay'ee cimaa ta'uu danda'a.

KOOVIID-19 nama irraa namatti akkamitti daddarba? (How is COVID-19 spread from person-to-person?)

- KOOVIID-19 irra caalaa kan daddarbu qufa'uu, haxxiffachuu, yookiin nama dhukkubicha qabu waliin tuttuqaa kallattiitin yookin waanta namni dhukkubsate dhiyeenyatti qabatee ture tuttuquudhani.
- KOOVIID-19 dabalataan yeroo wantonni xixiqqoon (yommuu haxxiffatan yookin qufa'an) wantota irra qubatanii namni immoo waanta sana tuqe, daddarbuu danda'a. Namni sun harka sanaan naannoo afaan, funyaan yookin ija isaa/ishee yoo tuqe/xe, namni sun dhukkubsachuu danda'a.
- Kanneen nama KOOVIID-19 dhaan qabame waliin jiraatan, dhibichaan qabamuudhaaf kan saaxilamaniidha, keessumattuu mana keessatti namni yoo heddummate. Hooteela addatti qophaa'e kana keessa turuudhaan maatii keessanii fi hawaasa bal'aa dhibee irraa oolchuu dandeessu.

Bakka Itti Adda of Baasanii Turan

Waa'ee Turtii keessanii Hooteela Ofiin Itti of Tursiisan kan Gargaarsa Qabutti (About Your Stay at the Assisted Self-Isolation Hotel)

Sababni as jiraachuu keessanii kanneen keessaa isa tokkoofidha:

- Qorannoo KOOVIID-19 tiin poozatiivii waan taataniif
- Mallattoon addatti kan infeekshinii KOOVIID-19 isin irratti waan argameef
- Maatii keessan keessaa namni tokko KOOVIID-19 waan irratti argameef fi nageenya keessaniif jechaa akka adda isin baatan goona.

As kan jirtaniif fedhii keessaniin nageenya keessaniif jecha maatiiwwan keessan irraa adda of baaftaniiti. Manatti deebi'uudhaaf fedhii qabdu yoo ta'e, namni dirqiidhaan akka as turtan isin taasisu hin jiru.

KOOVIID-19 dhaan qabamtan yoo ta'e yookin mallattoon isaa isin irratti mul'ate yoo ta'e, hanga mallattoon isaa isin irraa badutti asuma turtu; erga mallattoon isaa sin irratti mul'achuu eegalee yoo xiqqaate guyyoota 10 ta'eera (kuni immo yeroo dheeradha).

KOOVIID-19 irraa of ittisuuf bakka turtii jirtu yoo ta'e, hanga maatiin keessan fayyaa ta'uun isaanii mirkanaa'utti, achuma turtu.

Yeroo as turtan kanatti, kutaa isiniif kenname keessa fayyaa keessanii fi maatii keessanii eegudhaaf turuu qabdu. Namoota kan biroo waliin qaaman wal arguu daangessuu qabdu. Hordoffii fayyaa fi gargaarsa biroo karaa bilbilaa ni argattu.

Maatii fi hiriyoota keessan irraa adda baatanii turuun hammam rakkisaa akka ta'e ni hubanna. Hamma nuuf danda'ametti turtii keessan gammachiisaa fi mijaawaa akka ta'u gochuudhaaf duubatti hin jennu.

Icciiiti (Confidentiality)

Icciiiti keenya fi kanneen as jiraniif jecha, maqaa fi teessoo bakka turtii kanaa icciitidhaan akka qabattan cimsinee isin gaafanna.

Qorannoo KOOVIID-19 (COVID-19 Testing)

Ulaagaa qorannoo KOOVIID-19 yoo guuttanii fi kana dura hin qoratamiin, akka qoratamtaniif haala isiniif mijeessina.

Bakka Itti Adda of Baasanii Turan

Meedikaala fi Tarkaanfiiwwan Of-eeggannoo Dhuunfaa (Medical and Personal Protection Measures)

kuusaan maaskiiwwani fii gilaaviiwwanii isiniif kennama, ammas bakka turtii kana akka turtaniif muraasni isiniif kennama. Yeroo as turtanitti, kutaa keessan keessatti maaskiiwwan godhachuu hin qabdan garuu ammoo yeroo nyaata fudhachuudhaaf yookin hojjataa as jirutti dubbachuudhaaf balbala bantan kamittuu maaskii godhachuu qabdu. Bakka isiniif eeyyamame keessaa yeroo sababa kamiifiyyu gad baatan, maaskii fi gilaavii godhachuun keessummessitoota beeksisuu qabdu.

Mallattoon isini irratti mul'ate yoo itti cime, ogeeyyiin meedikaalaa/fayyaa fayyaa keessan to'achuu fi qorannoo fayyaa dabalataa gochuudhaaf karaa bilbilaa irra deddeebiin isin qunnamu.

Ajajni dabalataa ogeessa irraa yoo jiraate, maaloo ogeessa maatii keessanii qunnamaa. Gaaffilee yookiin waan fayyaa keessaniif sin sodaachisu yoo jiraate fayyaa hatattamaa kan hin taaneef, 811 yookin biroo ogeessa/hakima maatii keessanii qunnamaa. Waldhaansa fayyaa hatattamaa kamiifuu 911 tti bilbiluudhaan bakka turtii KOOVIID-19 dhaaf addatti kenname keessa jiraachuu keessan itti himaa.

Sochii/Dawwaattoota (Movement/Visitors)

Hamma bakka turtii kana jirtanitti kutaadhuma keessan keesa akka turtan gaafatamtanii jirtu. Vaayirasichi akka hin babal'anne ittisuuf jecha, daawwannaan kamiyyuu akka hin taasifmane seeran dhorkamaadha.

Nyaata (Meals)

Guyyaa hundumaa ciree, laaqana, irbaata fi dhugaatiiwwan isiniif dhiyaatu.

Tajaajila nyaataa alaa dhufu kamiyyuu irraa yookin kutaa tajaajila hooteelichaatti bilbiluu irraa of qusadhaa; sababni isaa namoota eeyyamameef qofatu bakka turtii kana seena waan ta'eef.

Bakka bu'oonni hooteelaa guyyaa hundumaa nyaata qopheessanii kutaa keessanitti isiniif fiduudhaaf isin qunnamu. Nyaata akka hin nyaannef dhorkamtanii fi alarjii nyaataa yoo qabaattan bakka bu'oonni kun beekuu qabu.

Bishaan ujummoo (Tap Water)

Bishaan ujummoo hooteela keessa jiru qulqulluu fi kan dhugamuudha.

Bakka Itti Adda of Baasanii Turan

Tajaajila kutaa ciisaa (Room Services)

Yeroo adda of baasanii turuu kanatti namoonni mana eegan/qulqulleessan foomaa haaraa, wantoota mana fincaanii keessatti itti gargaaramanii fi qulqullinaaf tajaajilan balbala irra isiniif kaa’u yoo baayy’ee barbaachisaa ta’e. Koosiiwwan, Foomaxxanii fi huccuu halkanii yommuu itti fayyadamtan, ala korojoo pilaastikaa keessaa kaa’uu qabdu akka hooteela keessaniin leenjitanitti (ammas, yommuu balbala bantani maaskii godhattanii jechuudha).

Tarkanfiwwan Kunuunsa Dhuunfaa (Personal Care Measures)

Turtiin keessan asitti taasifan hanga danda’emitti kan boqonnaa qabu taasisuudhaaf, wantoota armaan gadii yaada keessan keessa galchaa:

- Hiixachuudha fi sochiiwwan ciccimaa, fi kkf gochuudhaan of dammaqsa.
- Wantoota akka hafuura dheeraa baafachuu, cal’isanii yaaduu, fi yeeroo dheeraa bashannanatti dabarsuu shaakalaa.
- Maati fi hiriyoota waliin karaa (fkn, bilbilaa, FaceTime, WhatsApp, Skype) fa’aa wal qunnamaa. Yeroodhaan nyaata nyaachuu, bishaan heddu dhuguu fi hirriba gahaa rafuu keessan mirkaneeffadhaa.
- Yeroo fudhachuudhaan wantoota isin gammachiisan kanneen akka muuziqaa dhaggeeffachuu fi kitaaba dubbisuu fa’aa irratti hirmaadhaa.
- Waanti turtiin keessan akka fooyya’u godhu yoo jiraate, hojjataa keenyatti himaa.

Wantoota gara Hooteelaa yookin Kutaa keessanii geeffaman (Deliveries to Hotel or your Room)

Fayidaa addaatiif waanti alaa isiniif dhufu barbaaddan yoo jiraate, nu beeksisaatii waan dandeenyu hundumaa ni goonaa. Omishaalee karaa onlaayinii akka hin ajajne yookin paakejiwwan gargaarsaa ala irraa fudhachuu akka hin dandeenye kabajaan isin gaafanna.

Bilbilaa fi intarneetii (Internet and phone calls)

Bakka isiniif kennametti wifi bilisaa eessatti akka fayyadamtan kallattiin isinitti agarsiifama. Alatti bilbiluuf yookin karaa viidiyoo haasa’uuf bilbila yookin taableetii dhuunfaa fayyadamaa.

Qunnamtiwwan Nama Qophaatti Adda Bahan Waliin (Communications with Isolation Staff)

Gaaffii yookin yaada qabdan kamiyyuu hojjataa hooteelichaatti himaa. Gargaarsa aadaa, hawaasaa yookin afaanii yoo barbaadaa jirtu ta’e, hojjatichi dhaabbata hawaasaa waliin wal isin qunnamsiisa.

Gargaarsa Hatattamaa (Urgent Assistance)

Waanta hatattamaa yookin lubbuuf sodaachisu yoo isin mudate, 911 tti bilbilaa.

Bakka Itti Adda of Baasanii Turan

Apendiksii A: Barnoota yeroo dirqamaan adda bahanii turuu irratti (Appendix A: Education on mandatory isolation periods)

Albertans mallattooleen irratti mul'ate

- Qufaan, qaama gubaan, harganuu dadhabuu, dhangala'aan funyaan keessa gadi nam'uun, yookin qoonqoo keessa ciruun, dhukkuba yookin haala fayyaa kanaan duraa ture waliin kan wal hin qabannee yoo isin mudate, yoo xiqqaate guyyoota 10 akka adda baatanii seeratu isin dirqamsiisa.
- Guyyaan dirqamaan adda bahanii turuu guyyaa itti mallattoon mul'atee kaasee yookin hanga mallattoon sun isin diisutti, hamma fe'e yoo dheerate, guyyoota 10 dha.

KOOVIID -19 dhaan kan qabame

- KOOVIID -19 dhaan qabamtan yoo ta'e, akka seeratti yoo xiqqaate guyyoota 10 adda baatanii turuu qabdu.
- Yeroo adda bahuu guyyoota 10 yeroo mallattoon mul'atee jalqabee yookin hanga mallattoon sun badutti, hamma fedhe yoo dheerate illee.

Kanneen qabaman waliin walitti dhufeenya jiru

Tuttuqaa: (a) osoo meeshaalee of eeggannoo dhuunfaa (PPE) hin fayyadamin qaaman bira gahanii kunuunsa gochuu; (b) wajjin jiraachuu yookin yeroo dheeraaf tuttuqaan qaamaa yoo jiraate (meetira 2 gidduutti daqiiqaa 15 kan ta'uuf) osoo meeshaalee of eeggannoo dhuunfaa (PPE) hin fayyadamin tuttuqqiin qaamaa yoo jiraate, (c) kallattiin yoo itti haxxifate/tte yookin qufa'e/te.

- Nama KOOVIID -19 dhaan qabame waliin tuttuqqii qabdu yoo ta'e, guyyoota 14 adda baatanii to'annoo mallattoolee dhibichaa akka taasiftan seerri isin dirqisiisa.
- Yeroo kanatti dhukkubbiiwwan akka qufaa, qaama gubaa, harganuu dadhabuu, dhangala'aan funyaan keessa gadi nam'uun, yookin qoonqoo keessa ciruun yoo isin mudate, jalqaba mallattoon mul'atee kaasee yookin hanga mallattoon badutti dabalataan guyyoota 10 turuu qabdu, hanga fedhe yoo dheerate illee.

Odeeffannoo Adda Bahuu

- Adda baasuu jechuun hanga bu'aan qorannoo KOOVIID -19 keessan beekamutti mana yookin bakka kanaaf jedhamee qophaa'e turuu fi yeroo adda bahuu xumuruu jechuudha.

Walitti qabuu

- Barbaachisaa yoo ta'e, dhimmoota KOOVIID-19 laaboraatoridhaan mirkanaa'an bakka tokkotti walitti qabuudhaaf tattaaffiin godhamuu qaba.
- Kanneen warra KOOVIID-19 qabaman waliin tuttuqaa qabanii fi mallattoon irratti mul'ate waliin tuttuqaa qaban, qoratamuu qabu; akkasums yommuu bu'aa qorannoo isaanii eeggatan kutaa mataa isaanii qabaachuu qabu. Warreen KOOVIID-19 qabaman waliin yookin mallattoo qaban waliin bakka waliinii qabaachuu hin qaban.

Turtii keessaniif Odeeffannoo

Bakka Itti Adda of Baasanii Turan

Waa'ee Ofiin adda of baasuu Odeeffannoo Bal'aa argachuudhaaf:
<https://www.alberta.ca/isolation.aspx>